# Kitaaba Gadda Ermiyaasii

## Seensa

Kitaab gadda Ermiyaasii kun dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi saddeettamii jaatti Yerusaalem waan diigantee fi kolbaan isi'iille waan baqatteef wolaloo gaddaa shanan ka wolitti qabatee dhiyaate. Kutaan kitaaba kanaa irra caalaa marroo bowaatii fi gaddaa odeessulle, waan Waaqatti addatiisaa fi addii qabaatiisaa kutaan dubbatulle jira. Wolaloota kana Yihudooti dhaloota Kiristoosiitiin dura woggaa dhibba shanii fi saddeettamii jaatti, badii Yerusaalem irra dhaqqadde qaabbi'iif woggaa wogga'aan guyyoota waaqonfannaa laamaatii fi gadda irratti itti fayyadaman.

**Haadhoo dubbi'ii**


Gadda Yerusaalemii *1:1-22*
Adabamiisa Yerusaalemii *2:1-22*
Adabamiisaa fi addii *3:1-66*
Diigama Yerusaalemii *4:1-22*
Daadimata mararti'ii *5:1-22*


*Gadda Yerusaalemii*

1 Yerusaalemiin dur kolbaan keessa guutte attam qofi hatte!
Ka gosa biyya adda addaa oddu'utti guddoo teete,
attam akka haadha hiyyeessaa teete.
Qachoota oddu'utti giittii ta teete,
attam akka garbaa teete.
2 Halkan guutuu hin bootti,

imimmaan boqoo isi'ii irra yaati.
Jaalota isi'ii keessaa
ka isii jajjabeessu tokkolle hin jiru.
Jaaloti isi'ii marti isii mormataneeran;
diinalle itti te'aneeran.
3 Kolbaan Yihuda'aa
garbumma'aa fi eloo jaddu'uun rakkattee,
biyya ifii irraa ari'antee,
addee «Teenna» hin jenne,
lafa dhibii keessa leete.
Karaan milixxu ka hin jirre,
diinaan marfante.
4 Nami jilaaf gara Xiyoonii dhufu,
waan hin jirreef,
karaan karra isi'ii martinuu duwwaa te'e;
Hayyootille gaddaan aadan.
Durrooti isi'ii hin gadditi.
Xiyoon gadda keessa jirti.
5 Diinoti isi'ii isii irratti goottomanee,
badhaadhaneeran.
Bacinna cubbuu isi'iitiif,
Waaqi isii rakkise;
Ijoolleen isi'ii diinaan booji'antee,
fudhatanteerti.

6 Ulfinni Yerusaalemii marti
irraa deemeera.
Sooreyyiin isi'iille
akka gadansa beelowee dadhabee,
worra isa ari'u duraa hin baqannee te'aneeran.

7 Yerusaalem rakkatee mana dhaddee
waan dansaa ifii durii qaabatte.
Kolbaan isi'ii ammoo diinaan waan injifatanteef,

nami isii qarqaarulle hin jiru.
Diinoti isi'iille diigama isi'iititti kollane.

8 Yerusaalem cubbuu guddoo hujjee
xomorootteerti;
isaan waan duwwaa isii dhagganeef,
worri isii ulfeessanu marti tuffataneeran;
isiinuu aadiisaan,
fokko'oon fuula ifii achi garagalti.

9 Xomorummaan isi'ii woyaa isi'ii irratti mudhatti;
isiin waan hegeri teetu hin beenne;
jinnanni isi'ii sodaachisa'a;
ka isii jajjabeessu tokkolle hin jiru.
Diinoti isi'ii waan isii injifataneef,
rakkoo isi'ii akka ilaaluuf gara Waaqaa iyyite.

10 Diinoti Yerusaalemii
qabeenna isi'ii dadansaa saamane.
Isiin Galma Waaqaa ka ifii,
ka Waaqi worri Yihudoota hin te'in
akka hin seenne dhoogge seenanuun dhaggite.

11 Kolbaan isi'ii marti sagale'eef aaddi;
lubbu'uun jiraatiisaaf
qabeenna dadansaa ifii sagale'een jijjiiratti.
Yerusaalem «Waaqa! Na ilaali;
salphinna kiyya duudiille dhaggi!

12 «Isin worri karaa tartanu,
isiniif womaayyuu te'uu dhaddulle,
ka Waaqi guyyaa mufii jaddu'uu natti fide,

rakkinna kiyya kana ka fakkaatu jiraa ree?
Me ilaala'aatii, dhagga'a!

13 «Waaqi ol-gubbaa irraa ibidda erge;
ibiddille lafee tiyya keessa gube.
Inni tiyyoo miila kiyyatti afee,
duubatti na deebise.
Inni qofi na lakkisee,
guyyaa guutuu na gaggasse.

14 «Inni waanjoo cubbuu tiyyaa wolitti hidhee,
morma kiyya irra keyeera.
Isiin guddoo waan ulfaattuuf
hunna na dhooggite.
Waaqi diinota ani dande'ee ifi irraa hin dhooggannetti
dabarsee na kenne.

15 «Waaqi loltoota jajjaboo ani qabu dhidhiiteera;
inni dargaggoota tiyya balleessiisaaf loltoota erge;
kolbaa tiyya akka midhaan woyni'ii cunfe.

16 «Wonni ani imimmaan tiyya
dhangalaasee bowuuf tana:
ka na jajjabeessu waan na irraa fagaateef,
ka na jabeessu hin jiru;
Diinni waan injifateef,
ijoolleen tiyya qofi hatteerti» jetti.

17 Xiyoon harka ifii badhitteerti;
ka isii jajjabeessu ammoo hin jiru.
Ollooti isi'ii duudiin sanyii Yaaqoobiititti
diinota akka itti te'anu Waaqi ajajeera.

Yerusaalem odduu isaaniititti xomoroot-
teerti.

18 Yerusaalem, «Anattuu ajaja isaa dide malee,
Waaqi sirrii godhe.
Isin kolbaan marti dhage'a'a; rakkoo tiyyaalle
ilaala'a;
dargaggooti tiyya dhiiraa fi dubartiin marti
booji'amaneeran.

19 «Ani jaalota tiyya mara waammadhe;
isaan ammoo na qarqaaruu didatane.
Hayyootaa fi sooreyyiin tiyya
lubbuu ifii jiraachisiisaaf, sagalee adoo bar-
baadatanuu
karaa qacha'aa keessatti du'ane.

20 «Waaqa kiyya, attam akka rakkadhee,
keessi kiyya laalatee,
gadhaan kiyya raafame ilaali;
kolbaa tiyya alatti shallaagaan,
mana keessatti duuti fixiisatti jirti.

21 «Kolbaan aadiisa kiyya dhageetteerti;
ammoo eennulle na hin jajjabeessine.
Diinoti kiyya marti rakkoo tiyya dhage'anee,
waan ati na irratti gootetti gammadaneeran.
Guyyaa jette san fidiitii,
isaanille akka kiyya te'anuu ti.

22 «Hammeenni isaanii marti si duratti mudhatuu ti;
akkuma cubbuu tiyyaaf na adadde isaanille
adabi.
Ani guddoo waan aadeef,

gaggabeera» jetti.

# 2

*Adabamiisa Yerusaalemii*

1 Attam attam Waaqi mufii ifiitiin
Xiyoonitti duumensa uffise!
Guddinna isi'iille ol-gubbaa irraa
gad lafatti darbe.
Xiyoon ijjata miila isaa akka teete,
guyyaa mufii ifii isii hin qaabanne.
2 Waaqi bultoo Israa'elii mara
marartii malee balleesse.
Kushee Yihuda'aa mufii ifiitiin diigee balleessee,
Mootumma'aa fi bulchitoota isi'ii
gad lafatti gatee salphise.
3 Mufii ifii jaddu'uun,
hunna Israa'elii mara dhoogge.
Diinni yennaa isaanitti dhufelle,
gargaaruu didate.
Akkuma bobeenni ibiddaa,
waan adaala isaa jiru mara gubu,
Waaqi Israa'el gube.

4 Inni akka diinaa daaya ifii itti qajeelfate;
harka middicha ifiille qopheeffate.
Worra ila namaatitti tolu duudii,
akka diinaa ijjeese.
Dunkaanii kolbaa Xiyoonii irratti mufii ifii,
akka ibiddaa isaan irratti gabbise.

5 Waaqi akka diinaatitti,
Israa'el balleesse;
inni kushee isi'ii maraa fi
mana mootummaa isi'ii mara balleesse.

Kolbaa Yihuda'aa irratti
bowichaa fi gadda bira dabarse.

6 Galma ifii akka gosee fichaa keessaa
diigee balleesse;
Waaqi jilaa fi Sanbati Xiyoon keessatti
akka dedhamanu godhe.
Inni mufii ifii jaddu'uun
mootichaa fi hayyicha salphise.

7 Waaqi addee ciincaa ifii didee,
Galma ifiille lakkise.
Dalleya mana mootummaa isi'ii
harka diinaatitti dabarsee kenne;
akkuma guyyaa jilaatitti godhamu,
Galma Waaqa keessatti diinni qeexale.

8 Waaqi dalleya qachaa Xiyoonii diigiisaaf murteessee
wodaroo miki'ii* buuseera.
Inni balleessiisaaf
harka ifii irraa hin deebifanne.
Xelleepho'oo fi dalleya isi'ii
wolumatti diigeera.

9 Balbalti karra isi'ii marti awwaalante,
danqaraan isi'iille caccabee bade.
Mootichii fi qondaaltoti isi'ii ari'amanee
gosa biyya dhibi'ii odduu jiran;
Haganaa achi seerri hin jiraatu;
raagoti isi'iille Waaqa irraa
mudhii hin dhagganu.

* **2:8** *Wodaroo miki'ii:* Ta dheerinnaa fi badhinna woyii haga ittiin ilaalanu.

10 Jaarsoleen qachaa Xiyoonii
mataa ifiititti bukuu† firfirfatanee,
woyaa gaddaa uffatanee,
cadhi jedhanee lafa tee'ane.
Durri qachaa Xiyoonii
gaddaan lafa ilaalti.

11 Kolbaan tiyya waan fixanteef,
ijoolle'ee fi annoolleen
karaa qacha'aa irratti waan gaggabaneef
bowiisaan ilti na jaamaarti.
Keessi kiyya na laalatee,
addii kutadhe.

12 Ijoolleen akka loltoota madoottee,
karaa qacha'aa irratti gaggabanee,
«Sagale'ee fi bisaan» meet jedhaa,
harka haadha isaanii irratti du'an.

13 Ee Yerusaalem, maan siin jedha?
Maani'iin wol si qixxeessa?
Xiyoonii tiyya, akka si jajjabeessuuf,
maaniin wol si fakkeessa?
Badiin si irra dhaqqadde akka abbaaya'aa badho'o;
eentu si fayyisuu dande'a?

14 Raagoleen teeti
mudhii dharaa ta bu'aa hin qanne si'iif dhaggite.
Mudhii dharaatii fi dokonkora si'iif dhaggite malee,
yakkaa teeti si'itti ifa baasanee

† **2:10** *Bukuu:* Yookiin awwaar.

badii si'itti dhufaartu si'i irraa hin oolchine.

15 Worri karaa dabaru marti
cooraa harka sitti dhowaa, mataa ifii raasaa,
«Yerusaalemiin tun ta shaggummaa guutuu qadduu fi
qachaa biyyi lafaa duudiin itti gammaddee motii?» jedhan.

16 Diinoti keeti marti afaan bananee si'itti cooran.
Ilkaan ciniinnatanee, «Yerusaalem balleessine.
Guyyaan nuuti eeggataa turre kana;
amma bira geennee dhaggine» jedhan.

17 Waaqi waan yaade muummesse;
jecha ifiille guute.
Akkuma dur murteesse marartii malee si balleessee,
hunna diinota keetii jabeessee,
jinnana keetitti akka gammadanu godhe.

18 Kolbaa qachaa Xiyoonii,
gara Waaqaa iyya'a!
Dalleya qachaa Xiyoonii,
imimmaan teeti halkanii fi guyyaa
akka lagaa yaatuu ti;
hin cadhisin;
boyiisalle hin lakkisin.

19 Halkan guutuu yennaa yenna'atti ka'ii iyyi!
Waan gadhaa keeti keessa jiru,
Waaqa duratti dhikeessi.
Lubbuu ijoollee teetii,
ta qaxxaamura karaa irratti

beelaan gaggabaneef,
daadimanna'aan harka keeti gara Waaqaa ol kaasi.

20 Yerusaalem, «Ee, Waaqa, kunoo ilaali!
Kolbaan ati akkana gooteertu jirtii?
Dubartooti annoolee ifii deyane nyaatanuu tii?
Hayyootii fi raagoti
Galma Waaqaa keessatti ijjeefamanuu tii?

21 «Dargaggootii fi maanguddooti,
karaa irratti jiganee du'aneeran.
Dargaggooti dhiiraatii fi dubarti'ii
shallaaga'aan ijjeefamaneeran.
Guyyaa mufii teetii
marartii malee isaan qalte.

22 «Akka guyyaa jilaa,
diinota kiyya adaala mara irraa waanteerta.
Guyyaa mufii Waaqaa,
ka miliqe yookiin jiru'uun ka hafe hin jiru.
Ijoollee ani uumadhee guddifadhe
diinni kiyya na jalaa fixe» jedhi.

# 3

## *Adabama, Cubbuu Irraa Deebi'iisaa Fi Addii*

1 Ani nama ulee mufii Waaqaatiin,
adabamee rakkinna dhagge.
2 Inni addee ifi hin jirre,
dukkanatti na ari'e.
3 Inni dhugumaan guyyaa mara deddeebi'ee,
harka ifiitiin na adabe.

4 Inni foonii fi gogaa kiyya dulloonsee,
lafee tiyyalle caccasse.
5 Inni na marsee,
rakkinna hadhowa'aa fi laaleffata keessa na galche.
6 Inni akka worra dur du'ee awwaalamee,
dukkana keessa akka le'u na tolche.

7 Akka ani hin baaneef,
dalleya marsee natti ijaaree,
wodaroo sibiilaa ulfaattu'uun na hidhe.
8 Qarqaarsaaf itti iyyadhulle,
na caqasuu dide.
9 Karaa kiyya dhaka'aan duuchee,
daandii tiyyalle daddasse.

10 Inni akka doobbaa* ciisee na gaaduutii fi
akka neenqa dhokaata jiruu ti.
11 Inni karaa irraa na harkisee, kukkutee,
qarqaarsa malee na lakkise.
12 Guubee ifii dhisee,
itti qajeelfata daaya ifii na godhe.

13 Inni daaya subba ifii keessaa luqqisee,
kalattii tiyya woraane.
14 Kolbaan tiyya marti natti kollitee,
guyyaa guutuu weeddu'uun natti murgite.
15 Inni rakkinnaan jiruu tiyya hadheessee,
waan akka hargiisaa na quusse.
16 Inni cabbi'iin ilkaan kiyya caccassee,
bukuu keessatti na gangalche.
17 Ani nageya dhabee,

* **3:10** *Doobbaa: Bineensa hamaa iyyaa fakkaatu tokko.*

gammadi maan akka te'e dedhe.
18 Tanaaf ani «Jabeenni kiyya,
addiin ani Waaqa irraa eegadhu marti bad-
deerti» jedhe.

19 Rakko'oo fi daaqa kiyya qaabatiis,
akka qararu'uutii fi hadhoottu'uu natti tee-
teerti.
20 Ani yennaa tana qaabadhu mara,
mataa buusa.
21 Teetulle yennaa waan tokko qaabadhu,
addii qaba:

22 Jaalalli Waaqaa ka bara baraa waan te'eef,
marartii isaa ta dhuma hin qanne irraa ta
kaate
nuuti badiisa dhanne.
23 Jaalallii fi marartiin isaa barii mara
haareya;
addatamummaan isaa guddo'o.
24 Ani ifiin, «Waaqi qooda kiyya;
tanaaf isatti addadha» jedhe.

25 Waaqi worra addi'iin isa eegatuuf,
worra isa barbaaduuf dansa'a.
26 Tanaaf nami cadhisee
fayyisiisa Waaqaa eegatiis dansa'a.
27 Nami bara dargaggumma'aatitti
waanjoo ba'atiisa barachuun dansa'a.

28 Yennaa Waaqi waanjoo isa ba'achiise,
qofii ifii cadhisee tee'uu ti.
29 Ammalle addiin jiraatuu waan dandeettuuf,
ifi gad qabuu ti.

30 Nama isa kabaluuf boqoo ifii kennuu ti;
arraballe fudhatuu ti.

31 Waaqi haga bara baraa isa hin gatu.
32 Inni nama gaddisiisulle,
akka jaalala ifii ka bara baraa gudda'aatitti
marartii qaba.
33 Inni nama rakkisu'uu fi gaddisiisu'utti hin gam-
madu.

34 Hidhantooti biyya tokkoo
yennaa dhiitamanu,
35 Waaqa Ol-Aanaa duratti
mirgi ilmaan namaa yennaa dhooggamu,
36 Haajaan nama tokkoo haqa yennaa dhabu,
Waaqi kana hin dhagguu?

37 Waaqi adoo hin ajajin,
ka dubbatee woy godhuu dande'u eennu?
38 Wonni dansa'aa fi hantuulle
ajaja Waaqa Ol-Aana'aatiin teetii motii ree?
39 Nami adoo hin du'in
sababa cubbuu ifiitiin
yoo adabame maaf gunguma ree?

40 Karaa keenna qorqorree ilaallee,
gara Waaqaa deebinuu ti.
41 Kowa'a gadha'aa fi harka keenna
gara Waaqa ol-gubbaa jiruu ol kaannee,
42 «Nuuti ajaja keeti didannee, jallannee
atille nu'uuf hin araaranne.

43 «Ati aari'iin guutantee, nu ariitee,
marartii malee nu ijjeette.

44 Daadimannaan teenna si bira akka hin geenne,
duumensaan ifi gollatte.
45 Gosa biyya adda addaa oddu'utti
xuri'ii fi huuraa nu goote.

46 «Diinoti keenna marti
afaan bananee nutti murgane.
47 Soda'aa fi boolla bu'iis,
diigamaa fi badiin nu dhaqqaddeerti» hin jenna.
48 Kolbaan tiyya waan badeef
imimmaan ila tiyyaa akka lagaa lolaati.

49 Imimmaan tiyya yennaa mara lolaati,
50 Tun haga Waaqi ol-gubbaa irraa gad
ilaalee na dhaggutti teeti.
51 Waan diinni kolbaa qachaa Yerusaalemii irratti godhe
yennaa dhaggitu gadhaan kiyya hin gadda.

52 Diinoti kiyya ka sababa malee na jibbanu
akka gororri'ii na adansane.
53 Jiru'uunuu boollatti na gatanee
afaan boollaa dhaka'aan cufane.
54 Bisaan mataa kiyya irra dacha'ee,
ani «Du'aara» jedhe.

55 Qilee boollaa keessaa,
maqaa keeti waammadhe.
56 Ati gaaffii tiyya dhageetteertaa,
yennaa ani qarqaarsaaf sitti iyyadhu,
gurra keeti hin qabatin; ammoo furii naa kenni!
57 Yennaa ani si waammadhe,

ati na bira dhuttee, «Hin sodaatin!» naan jette.
58 Goottaa kiyya! Haajaa kiyya fudhattee,
lubbuu tiyya wodatte.
59 Goottaa kiyya!
Daba na irratti hujame dhaggiteerta,
ati naaf muri!
60 Haluu diinoti na irratti qabanuu fi
mala isaan na irratti dhowane
mara dhaggiteerta.

61 Ee waaqa! Murgoo isaan natti murgane,
mala isaan natti dhowane dhageetteerta.
62 Guyyaa guutuu diinoti kiyya,
na irratti hasaasaa, gunguman.
63 Kunoo isaan yennaa tee'anu fi ka'anu mara,
weeddu'uun natti murgan.

64 Ee Waaqa!
Akka hujii isaaniititti isaaniif kenni!
65 Abaarsi keeti akka isaanitti dhufu,
mataa isaanii jabeessi!
66 Waaqa kiyya! Aari'iin isaan ari'iitii,
Biyya lafaa irraa isaan balleessi.

# 4

## *Diigama Yerusaalemii*

1 Worqiin attam calalaqa ifii dhaddee,
worqiin qulqulluun attam jijjiirante!
Dhakaan Galmi Waaqaa ittiin ijaarame
attam karaa irratti bittinnowe!

2 Ilmaan Xiyoonii worri dur
akka worqii gatii guddo'ootitti ilaallamanu

amma attam akka faara
harka namaatiin hujamee te'ane!

3 Jeedaltinuu* ilmee ifii
harma hoosifatti,
kolbaa tiyya ammoo akka guchiin gammoojji'ii
ilme'etti gadhaa jabaatu teeteerti.

4 Dheebuu bisaaniitiin
arrabi ijoolle'ee laagada'atti goge.
Jjoolleen sagalee kadhatti;
ammoo ka itti kennu hin jiru.

5 Kolbaan dur waan dansaa nyaataa turte
karaa irratti beelaan dhumatte;
worri dur woyaa dhiillee uffatee guddate
amma tuulaa daadha'aa irra irkate.

6 Adabamiis kolbaa tiyyaa
adabamiisa Sodoom,
harki nama tokkoolle adoo hin tuqin
dedhuma badde san caala.

7 Sooreyyiin isaanii cabbii caalaa calalaqanee,
aanan caalaa addaatan;
nafi isaaniille dooqa caalaa dhiille'e;
akki dansummaa isaaniille akka dhakaa Safiirosii tola.

8 Amma fuulli isaanii cilee caalaa gurraachoweera;
nami karaa irratti isaan beekuuyyuu hin jiru.

* **4:3** *Jeedalti:* Ukkullolle hin jedhanti.

Gogaan isaanii shuntuuratee lafe'etti maxxanee,
akka muka gogee te'eera.

9 Worra midhaan ficha'aa dhabee
suutuma suutaan
beelaan du'ee mannaa,
worra shallaaga'aan du'e woyya.

10 Badiin kolbaa tiyyatti yennaa dhutte
dubartooti gadhi-laafeyyiin
ijoollee ifii harka ifiitiin
nyaatiisaaf iffeelane.

11 Waaqi aarii hantuu ifii buusee
hundee isi'ii balleessiisaaf,
Xiyoonitti ibidda gabbise.

12 Moototi lafaalle te'ee kolbaan biyya lafaa,
diinoti yookiin nyaaphi karra dalleya Yerusaalemii
seenuu akka dande'anu hin dhugeeffanne.

13 Te'uu malee,
sababa cubbuu raagota isi'iitii fi
yakkaa hayyoota isi'ii
dhiiga worra yakkaa hin qannee
dhangalaasaneef tun teete.

14 Isaan dhiigaan waan battowaneef
nami woyaa isaaniituu tuqu hin jiru.
Isaan akka balla'aa
karaa irra titimisane.

15 Namooti «Isin worri battoottane, achi deema'a!
Nu hin tuqina'a» jedhanee isaanitti iyyane.

Yennaa isaan baqatanee joonjane,
kolbaan gosa biyya adda addaa,
«Haganaa achi isaan as turuu hin dande'anu!»
jedhane.

16 Waaqi ifumaafuu isaan bittinneesse;
inni deebi'ee isaan hin ilaalu.
Hayyooti hin kabajantu,
jaarsoleelle fudhatama hin qabaattu.

17 Akkasuma qarqaarsa adoo eegannuu
ilti nu dadhadde;
gosa biyya nu qarqaaruu hin dandeenne irraa
qarqaarsa eegane.

18 Diinoti keenna waan nu gaadanuuf
kara'aayyuu deemiisa hin dandeenne.
Muummeen teenna dhikaattee,
barri keenna waan hobba'eef,
guyyooti keenna laakkossatti galeera.

19 Diinoti keenna
risaa caalaa ariifatan;
gaara irra nu ari'anee,
goomolee keessalle'etti nu gaadane.

20 Ka Waaqi nu'uuf muude,
ka nuuti, «Hafuura jiruu teennaa ti;
gaaddisa isaa jalatti
gosa biyya adda addaa odduu hin leena»
jenne,
boolla isaan nu'uuf qotane keessatti qabame.

21 Isin kolbaa qachaa Edoomii,
worra biyya Uzii keessa leetanu,
gammada'aa ilillisa'a;
ammoo muduunuun mufii Waaqaa
isinitti dhufaarti;
isin machoottanee qullaa deentan.

22 Kolbaa Xiyoonii!
Adabbiin teessan hobbaateerti;
Waaqi haganaa achi
boojuu keessa akka leetanu isin hin godhu.
Ee kolbaa Edoomii,
inni yakkaa teessan hin adaba
cubbuu teessanille qaaleyatti baasa.

# 5

## *Daadimata Marartii Dhaggatiisaaf Dhikaate*

1 Ee Waaqa, waan nu irratti te'e qaabadhu;
kunoo, salphinna keennalle dhaggi.

2 Qabeenna keenna ormi,
mana keenna alagaan fudhate.

3 Nuuti ijoollee worri irraa du'e,
ta abbaa hin qannee teeneerra;
haadhotiin teennalle
haadha hiyyeessaa te'aneeran.

4 Bisaan unnuuf hin kaffalla;
qoraanille hin bitanna.

5 Akka horii waanjoo itti hidhanee
oofamiisaan guddoo dadhanneerra;

fooralle nu dhoogganeeran.

6 Sagalee quufiisaaf,
worra Gibxi'iitii fi Asooriititti harka kennanne.

7 Abbootiin teenna ta durii
cubbuu hujjee dabarte;
nuuti ammoo sababa cubbuu isaaniitiif
rakkatiisatti jirra.

8 Garbooleen nu bulchan;
nami harka isaaniitii nu baasu hin jiru.

9 Goomolee keessa
ijjeechaan waan jirtuuf,
lubbuu teenna gurgurannee,
sagalee dhagganna.

10 Beela irraa ka ka'e
gogaan keenna
akka suunsumaa gurraachoweera.

11 Dubartoota Xiyoon keessatti,
durralle qachoota Yihuda'aa keessatti
hunnaan woliin rafane.

12 Sooreyyiin harka isaaniitiin fannifante;
jaarsoleen ulfinna dhadde.

13 Dargaggoota dhiiraa
hunnaan daakuu daassifatane;
ijoolleen dhiiraa
qoraan guddaa ba'atanee tintimane*.

* **5:13** *Tintimane:* Yookiin gatantarane.

14 Jaarsoleen
yaa'ii karra qacha'aa,
dargaggootille sirba lakkitteerti.

15 Gammadi gadhaa keenna keessaa badeera,
sirbi keenna gara bowaa deebi'eera.

16 Nuuti cubbuu waan hunyeef,
ulfinni nu irraa ka'eera;
nu'uuf aanne'e!

17 Waan kanaaf gadhaan nu dhibameera;
iltille nu cuurrotteerti.

18 Sababa kanaaf gaarri Xiyoonii onee,
jeedalti irra burraaxxi.

19 Ee Waaqa, ati ammoo,
haga bara baraa mooti'i;
barcumaan mootummaa teetiille
dhalootaa haga dhalootaatitti jiraata.

20 Ati maaf ijjumaa nu deete?
Maaf haga kana mara nu lakkitte?

21 Ee Waaqa, akka duriititti nu deebifadhu,
nuutille hin deebina;
bara keenna haaressii akka durii nuu tolchi.

22 Yoo kana hin tolchin ati nu gatteerta;
akka maleelle nutti aarteerta.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e